# Gabaasa fayyadama Intarneetii Seattle, bara 2024:- Argannoowwan ijoo

*"Hirmaachisummaa, milkaa'ina barnootaa fi badhaadhina diinagdee namoota Seattle hundaaf mirkaneessuuf, wal-qixxummaa dijitaalaa nama hundaaf dagaagsuuf carraaqqii gochuu qabna." – Mayor Bruce Harrell*

## Qorannichi maal irratti kan xiyyeeffate ture?



**Bulchiinsi magaalaa Seattle, jiraattonni magaalichaa teeknoolojii fi intarneetii akkamitti akka fayyadaman hubachuuf fedhii qaba ture. Dhimmoota armaan gadii baruuf, namoota 4,600 ol irratti qorannoo xiinxalaa geggeessaniiru:**

- **Fayyadama intarneetii eenyutu argata**
- **Namoonni meeshaalee akkamii fayyadamu**
- **Namoonni teeknoolojii waliin hammam wal baranii jiru**
- **Namoonni oonlaayini ta'uu akka hin dandeenyeef rakkinootni qunnaman maali**

## Eenyutu fayyadama intarneetii argata



- **Jiraattota Seattle keessaa dhibbeentaan 98 fayyadama interneetii mana isaanii keessatti argachuu danda'u (bara 2018, dhibbeentaa 95 kan ture irraa kan ol guddate)**
- **Haa ta'u malee, jiraattonni kanneen akka armaan gadii muraasni onlayinii ta'uu ilaalchisee rakkoon dabalataa isaan muudata:**

**- Namoota galii gadi-aanaa qaban**
**- Namoota afaan Ingiliffaa afaan isaan dura baratani hin taane**
**- Namoota qaama miidhamtoota ta'an**
**- Namoota gurraacha fi kanneen Saboota Kaaba Amerikaa ta'an**
**- Maanguddoota**

## Gatiin tajaajila interneetii, dhaqqabummaa fi itti fayyadama isaa irratti dhiibbaa qaba

- Maatiin baay'een tajaajila interneetii ji'a tokkoof yoo xiqqaate $100 kaffalu
- Maatileen galii gadi aanaa qaban, gatii galii isaanii keessaa dhibeentaa 5% kan ta'u tajaajila interneetiif kan baasan yeroo ta'u, maatileen galii giddugaleessaa qaban immoo dhibbeentaa 2.2% tajaajila interneetii irratti baasu
- Maatiiwwan tajaajila interneetiif kaffaluu danda'an maallaqaa baasan akka qusatan sagantaalee isaan gargaaran argachuu kan danda'an ta'uus, namoonni baay'een sagantaalee kana hin beekan ykn hin fayyadamani.

## Meeshaalee Maal Namoonni Seattle Keessatti Fayyadamaa Jiran

- Maatiiwwan hundi jechuun ni danda'ama, dhibbeentaan 95%, bilbila smart qabu
- Dhibbeentaan 86% laptooppi qabu
- Dhibbeentaan 67% tableetii qabu
- Maatiiwwan tokko tokko meeshaalee garaa garaa waliin fayyadamuu danda'u, kunis hojii hojjechuuf, barachuuf ykn tajaajiloota biro argachuuf rakkina uumuu danda'a

## Ogummaan dijitaalaa dabalataa namootaaf ni barbaachisa; namoonni immoo ogummaa argachuu ni barbaadu

- Ummatni Seattle 60% kan ta'an, hojiiwwan dijitaalaa bu'uuraa hojjachuuf rakkina hin qaban
- Namoonni baay'een waa'ee kanneen armaan gadii caalaatti baruu barbaadu:
  - onlaayini ta'uudhaan akkamitti odeeffannoo dhuunfaa isaani eegaachuu akka danda'an
  - Ogummaa bu'uuraa koompitaraa
  - Akkaataa itti fayyadama sooftweerii fi applikeshinootaa
  - Toora interneeti irratti ykn onlayinii ta'anii hojii barbaaddachuu

# Eeenyutu Gara Booddeetti Hafe

Qorannoon adeemsifame, fayyadama interneetii ilaalchisee gareewwan armaan gadii rakkina guddaa akka qaban agarsiise:

- Maanguddoota
- Namoota qaama miidhamtoota ta'an
- Namoota afaan Ingiliffaa afaan isaan dura baratani hin taane
- Namoota galii gadi aanaa qaban
- Namoota gurraacha fi kanneen saboota kaaba Amerikaa ta'an

# Seattle dhimma kana irratti hojii akkamii hojjeta

Bulchiinsi magaalaa hojiiwwan armaan gadii hojjechaa jira::

1. Dhaqqabummaa sagantaalee digitaalaa irratti deeggarsa dabalataa argachuuf, argamoota/ bu'aa qorannoo kanaa bal'inaan beeksisuu
2. Namoonni waa'ee sagantaalee interneetii gatii gadi aanaa qaban akka hubatan fi akka galmaa'an gargaaruu
3. Namoonni meeshaalee isaan barbaachisan akka argatan gargaaruu
4. Leenjii fi deeggarsa kennuuf dhaabbilee hawaasaa waliin ta'uun hojjechuu
5. Namoonni gargaarsa teknooloojii barbaadan akka salphatti argatan gochuu
6. Waliigaltee cimaa mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa gidduutti ijaaruun, dhaqqabummaa dijitaalaa magaalaa guutuu keessa fooyyessu

# Kun Maaliif Barbaachisa



Interneeta saffisaa fi amanamaa argachuun, akkasumas teknooloojiitti fayyadamuun akkamitti akka danda'amu hubachuun, hojiiwwan armaan gadii keessatti daraan barbaachisaa ta'aa dhufeera:

- Hojiidhaaf
- Mana barnootaaf
- Kununsaa fayyaatiif
- Tajaajiloota mootummaatiif
- Maatii fi hawaasa waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuuf
- Odeeffannoo fi tajaajilawwan barbaachisaa argachuuf

Bulchiinsi mootummaa, addunyaa dijitaala ta'uun itti fufee guddachaa jiru kana keessatti hirmaachuuf, meeshaalee fi dandeettii barbaachisan hundi namoota hundaaf argamuu isaanii mirkaneessuu barbaada. Miseensota hawaasaa hedduu qorannoo kana keessatti hirmaataniif galatoomaa jenna.

Hirmaachisummaa digitaalaa irratti hojiin magaalichaa akka armaan gadiitti hordofamuu danda'a www.seattle.gov/tech

Seattle Information Technology